# QAACCESSA WAL DHABBII KITAABA ASOOSAMA DHEERAA FURTUU HARMEE IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATTUU: BISHAAQXUU TARREESSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# QAACCESSA WAL DHABBII KITAABA ASOOSAMA DHEERAA FURTUU HARMEE IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATTUU: BISHAAQXUU TARREESSAA**

**GORSAAN: TAADDASEE JAALLATAA(PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

**Galata**

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee Sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaaree Waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan Taaddasee Jaallataa(PhD)tiif galanni koo guddadha. Akkasumas, maatiii koofi hiriyootakoo mara  jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti  wantoota na barbachiisaan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deggersa baajetaa naaf godhaan guddaan galateeffadha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ........................................................................ i

Baafata ........................................................................ ii

BOQONNAA TOKKO :SEENSA........................................................................ 1

**1.1. SEENDUUBEE QORANNICHAA** ........................................................................ 1

1.2. KA'UMSA QORANNICHAA........................................................................ 2

1.3 KAAYYOO QORANNICHAA........................................................................ 3

1.3.1. Kaayyoo Gooroo........................................................................ 3

1.4 BARBAACHISUMMAA QORANNICHAA ........................................................................ 3

1.5. DAANGAA QORANNICHAA........................................................................ 3

1.6. Hanqina Qorannichaa........................................................................ 3

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE........................................................................ 5

2.1. MAALUMMAA OGBARRUU........................................................................ 5

2.3 Ogbarruu Barreeffamaa........................................................................ 7

2.4 Maalummaa Asoosamaa ........................................................................ 7

2.5 Faayidaa Asoosamaa........................................................................ 10

2.6 Gosoota Asoosamaa........................................................................ 10

2.6.1. Asoosama Dheeraa........................................................................ 10

2.6.2 Asoosama Gabaabaa ........................................................................ 10

2.7. Waldiddaa ........................................................................ 11

2.7.1. Maalummaa Waldiddaa ........................................................................ 11

2.7.2. Gosoota Waldiddaa........................................................................ 11

2.7.2.2. Waldiddaa Alaa........................................................................ 11

2.7.2.2.1 Waldiddaa Qooddataa fi Qooddataa Gidduutti Uumamu .......... 12
2.7.2.2.2 Waldiddaa Qooddataan Sammuusaa faana Taasisu .......... 12
2.7.2.2.3 Waldiddaa Qooddataan Uumaa Waliin Taasisu .......... 12
2.7.2.2.4 Waldiddaa Qooddataa fi Uumamaa .......... 13
2.7.2.2.5 Waldiddaa Qooddattaafi Hawaasaa .......... 13
2.7.3. Amaloota Waldiddaa .......... 13
2.7.3.1 Tokkummaa .......... 13
2.7.3.2 Amanamummaa .......... 13
2.7.3.3 Dagaagina .......... 14
BOQONNAA SADII: SAXAXAFI MALLEEN QORANNICHAA .......... 15
3.1 Saxaxa Qorannicha .......... 15
3.2 Madda Ragaa Qorannichaa .......... 15
3.3 Mala Iddattoofi Iddatteessuu Qorannichaa .......... 15
3.3.1 Iddattoo Qorannichaa .......... 15
3.4 Mala Funaansa Ragaalee .......... 16
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee .......... 16
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAA FI QAACCEESSA RAGAALEE .......... 17
**4.1 Ibsa Gabaabaa Kitaabicha** .......... 17
4. 2. Qaaccessa Waldiddaa Asoosama Furtuu Harmee .......... 17
4.1.1. Waldiddaa Qooddataafi Mataa Isaa .......... 17
4.1.2. Waldiddaa Qooddataafi Hawaasaa .......... 19
4.1.3. Waldiddaa qooddataafi uumamaa .......... 20
4.1.4. Waldiddaa Qooddataafi Uumaa .......... 21
4.1.5. Waldiddaa Qooddataafi Qooddataa .......... 22
**BOQONNAA SHAN** .......... 25
**GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA** .......... 25

5.1 Guduunfaa.......... 25

5.2 Argannoo.......... 25

5.3 Yaada Furmaataa .......... 26

***Wabiilee (References)*** .......... 27

Waraqaa Mirkaneeffannoo.......... 28

*AXEERARA*

*Qorannoon kun kan gaggeeffame waldiddaa asoosama Furtuu Harmee qaacceessuu irratti. Kaayyoon isaas waldiddaawwan asoosama kana keessatti mul'atan gosa gosaan qooduun qaacceessuu, amaloota waldiddaawwan mul'atanii irratti ibsa itti kennuu, waldiddaawwan kun ka'uumsi, finiinsii fi xumurri isaanii eessatti akka ta'e xiinxaluufi barreessaan asoosama kanaa waldiddaawwan jiraniitti fayyadamuun yaada akkamii dabarsuu akka barbaade xiinxaluun dhaamsa isaa lafa kaa'uudha. gosoonni waldiddaa asoosama kana keessatti xiinxalamanii waldiddaa qooddataa fi qooddataa, waldiddaa qooddataa fi uumaa, waldiddaa xiinsammuu yookaan qooddataan mata isaa waliin taasisudha. Dhuma qorannoo kanaa keessattis guduunfaa, argannoowwan akka haalli ijaarsa waldiddaa asoosamichaa faffaca'uu, barreessaan asoosamichaa waldiddaa muraasa qofatti fayyadamuu,sadarkaalee waldiddaa eegamuu dhabuu, waldiddaaleen jiran haala addunyaa dhugaa kan ibsan ta'uu fi yaadni furmaataa kan kaa'amaniidha.*

# BOQONNAA TOKKO :SEENSA

## 1.1. SEENDUUBEE QORANNICHAA

Ilmi namaa bara durii eegalee haala jiruuf jireenya isaa kan akka gammachuu, gadda jaaalala, jibbaafi kan kana fakkaatan kan ittiin ibsatu ogbarruudha. Ogbarruun dabarsa jiruuf jireenya hawaasaati jechuudha. Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa kan ta'eedha. Yaada kana Asaffaan (2009:45) irratti akka ibsutti "Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa, galmee jiruuf jireenya dhala namaa kan ta'e kan namoonni hunannoo, beekumsa fi muuxannoo sadarkaa addaaddaa qabuudha"jedha. Akka yaada kanaatti Ogbarruun karaa itti muuxannoo jiruuf jireenya hubannoofi beekumsa dhaloota boriif ittin dabarsan jechuudhaan. Ogbarruun kunis, akaakuu lama kan qabuudha. Isaanis Ogbarruu barreeffamaafi ogafaan jedhamu. Yaada kana ilaalchisee Asafaan(2009) akka ibsutti"Ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamoodhaan yaada barbaadu afaaniinis ta'e barreeffamaan miidhagsee mi'eessee kan dabarsuudha" jedha. Kana jechuun, Ogbarruun afoolaafi Ogbarruu barreeffamaatti qoodama jechuudha.

Ogbarruun barreeffamaa bakka gurguddaa sadiitti qoodama. Isaanis, Asoosama, walaloofi diraamaadha. Yaada kanas Asaffaan(2009:36) yommuuibsu"goorowwan Ogbarruu keessaa asoosamni diraamaafi walaloon Isaan gurguddoodha"jedha. Yaanni kunis, kan ibsu asoosamni Ogbarruu barreeffamaa keessatti ta'uusaati. Asoosamni kunis, Ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee, seenneffama dhalli namaa addunyaa Dhugaa keessatti raawwatan fakkeessuun sammuu namaa keessatti suuraa kaasuun barreeffamaan dhihaaatudha.

Asoosamni bakka gurguddaa lamatti kan qoodamudha; isaanis: Asoosama dheeraafi gabaabaadha. Asoosamni dheeraan seenaa dhala namaa yookaan jireenya nama tokkoo jalqabaa hanga dhumaatti dhiheessuu kan danda'uudha. Asoosamni gabaabaadha immoo, damee Ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee dhimmoota hawaasa keessatti raawwatamaniifii fuula duratti ta'aan barreessaan kalaqamee yeroo gabaabaadha keessatti dubbifamee kan xumuramuudha. Asoosamni dheeraan, caacculee adda addaarraa kan ijaaramuudha. Isaanis Jaargocha, yoomessa, Waldiddaa, ergaa, namfakkiin, ergaa, ijaafi seenaadha. Kunis, waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa tokko ta'uusaa kan nutti argisiisuudha. Kanumarraa ka'uun qorannoon kunis, kan inni irratti xiyeeffate Waldiddaa asoosama dheeraa Furtuu Harmee

jedhurrattiidha. Waldiddaan immoo walitti bu’iinsa humnoota lama gidduutti ta’uudha. Waldiddaan taatee haala wayii keessatti qooddattoota asoosamichaa gidduutti raawwaatamu jechuudha.

## 1.2. KA'UMSA QORANNICHAA

Asoosamni kan sammuu ilma namaan kalaqamee deebi'ee dubbistootaaf dhiyaatuudha. Wanti kalaqamee namaan namaaf dhiyaatu kunis qorannoon irratti ni gaggeeffama. Wanta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa tokko caacculee asoosamaati. Caacculee asoosamaa kanas tokko tokkoon ilaalanii qaaccessuun barbaachisaadha. Qorannoon tokko hojjatamuuf hojjachuuf sababni qorattuu kakaasu jiraachuun barbaachisaadha. Sababni isaas immoo mata duree qorannoon irratti adeemsifamu sana irraa beekumsa argachuufi dabarsuufiidha. Qorattuun qorannichaa mata duree qaaccessa waldiddaa asoosama dheeraa Furtuu Harmee irratti akka adeemsisuufiidha kan ka'umsa godhate. Sababni isaa immoo mata duree waldiddaa asoosama dheeraa kana irratti qorannoon hamma ammaatti adeemsifame hin jiru. Haa ta'u waldiddaawwan asoosama biraa irratti hojjataman nijiru. Mata dureen qorannoon irratti hojjatame keessaa Alamaayyoo, (2006) waldiddaa asoosama dheeraa Kabiir Waadoo Gadaa irratti Yuunivarsiitii Amboo tti hoojjjatameera. Qorannoo Asoosama dheeraa Furtuu Harmee kanas kan biraa irraa wanti adda godhu waldiddaa asoosamichaa irrattis ta’e gama kaminiyyuu qorannoon hoojjatame hin jiru.

**Gaaffileen bu'uura qirannichaa immoo:**

Akaakuun wadiddaa asoosamicha keessaa maal fa’i?

Waldiddaan asoosama Furtuu Harmee keessaa akkamiin ibsame?

Asoosama kana keessatti waldiddaan eenyuufi eenyuu gidduutti uumame?

## 1.3 KAAYYOO QORANNICHAA

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Waldiddaa Asoosama Dheeraa Furtuu Harmee qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

-Akaakuu Waldiddaa Asoosama Furtuu Harmee keessaa ibsuu.

-Waldiddaan asoosamichaa akkamiin akka adeemsifame ibsuu.

-Asoosamicha keessatti qaamolee waldiddaan gidduutti adeemsifame tarreessuu.

## 1.4 BARBAACHISUMMAA QORANNICHAA

Barbaachisummaan qorannoo kanaa; qorannoon kun namoota qorannoo kana fakkaatu gaggeessaniif akka madda wabiitti ni gargaara. Akkasumas namoota asoosama gara fuula duraatti barreessaniif haala waldiddaa asoosamaa itti kalaqan yeroofi haala yeroo sanaa caalatti akka hubataniifi walsimsiisanii barreessaniif beekumsa ni gumaacha.

## 1.5. DAANGAA QORANNICHAA

Qorannoo kun qaaccessa Waldiddaa Asoosama Dheeraa “Furtuu Harmee” irratti kan xiyyeeffateedha. Caacculee asoosama kanaa keessaas qorannoon kun qaaccessa waldiddaa asoosamichaa irratti xiyyeeffatee gaggeeffameera. Kitaabni kun A.L.A bara 2021 kan maxxanfame yoo asoosamichis maxxansa tokkoffaadha. Barreessituun kitaabichaa immoo Meetii Dirribaa jedhamti.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko geggeessuu keessatti hanqinaaleen garaagaraa nimudatama. Haaluma kanaan adeemsa qorannoo kana geggeessuu keessatti hanqinoonni qorattuu kana mudatan

keessaa muraasni hanqina yeroofi meeshaalee barreeffamaati. Yeroon qorannoon kun geggeeffame yookaan hojjetame yeroo barnootaa keessa waan ta'eef gama kanaan hanqinni yeroo qorattuu mudachuu danda'eera. Haata'u malee qorattuun yeroo boqonnaa isheetti gargaaramtee qorannoo kana adeemsisuun rakkoo kana keessa darbitee jirti. Hanqinni biraan immoo hanqina meeshaalee qorannoo kana ittiin barreessuuf oolan dhabuuti. Fakkeenyaaf Qorannoo kana barreessuuf kompiitara dhabuun qorattuu mudateera. Ta'us namoota kompiitera qaban biratti kaffaltiidhaan barreessisuun hanqinoota jiran keessa darbuu dandeessee jirti.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE

## 2.1. MAALUMMAA OGBARRUU

Ogbarruun waa’ee jiruuf jireenya yookaan ga’ee uummataa waan ta’eef hayyuulee Ogbarruu biratti hayyuuleen seenaa, falaasamaa, siyaasaafi seeraa kanneen biroollee gama ogumma isaaniittiin ilaaluudhaan hiikaawwan adda addaa kennanii jiru. Gabaabumatti yaadrimeen Ogbarruu bal’aafi xiyyeeffannoon isaa jiruuf jireenya ga’ee uummataa ta’uun isaa Ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu taasiseera.(Asaffaa, 2009:17).

Geetaachoo (2008:133), akka ibsutti"Ogbarruun hojii kalaqaa ta’ee kanneen akka fedhii, gammachuu, hawwii fi kan kana fakkaatan miidhagsee hojii ilma namaa walitti qindeessee agarsiisuudha" jedha. Kana jechuun Ogbarruun hojii sammuu ilma namaa keessaa jiru kanammoo bifa miidhagaa ta’een kan mul’isuudha jechuudha.

Ogbarruu hiikaawwan akka qabaatu kan taasise umurii dheeraa wabaachuu isaa qofa osoo hin ta’in Ogbarruun mataa isaatiin waa’ee namootaa waan ta’eef, namoonni hiika isaaf Kennan hayyulee Ogbarruu qofa miti. Namoonni dirreewwan qo’annoo adda addaa keessa jiranis hiikaawwan mataa isaanii kennuu danda’u jechuudha. hiikkaawwan og-barruu keessaa tokko Misgaanuu (2012:8) bifa armaan gadiin kaa’eera.

Og-barruun ogummaa kalaqqii ykn waa uumuu ta’ee, muuxannoofi mudannoo hawaasaati. Muuxannoofi mudannoo kanatu tolee, miidhagee, faayamee tarii gammachiisuuf yoo hin taane immoo gaddisiisuuf kan ooluu dha. Dabalataanis og-barruun muuxannoo ilma namaa kan jechaafi gochaan ibsamuu danda’u hojii kalaqqii jijjiirama keessa lufuu maluu dha. Wanti yaada kanarraa hubatamu og-barruun ogummaa waa kalaquu ta’ee muuxannoofi mudannoo hawaasaa kan jechaafi gochaan ibsamu bareechee dhiyeessuun gammachiisuuf yookaan gaddisiisuuf kan tajaajilu ta’uu isaati.

Maalummaa og-barruu ilaalchisee Biraanuun(2009:18) immoo haala armaan gadiitiin kaa’eera.

> *The term written literature is used to refer to a body of imaginative literature committed to writing or presented in the form of printed words. Hence the basic distinction between*

*oral literature and written literature is that in the former the artist conveys his or her ideas verbally where as in the latter the conveys his or her ideas through writing.*

Wanti yaada armaan oliirraa hubatamu ogbarruun hojii kalaqqii dhala namaa bifa barreeffamaan jiruudha. Garaa garummaan inni afoolaan qabu, afoolli afaaniin kan dhiyaatu yoo ta'u, og-barruun immoo barreeffamaan kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Akkasumas, ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee dhugaafi muuxannoo jireenya dhala namaa miidhagsee haala miiraafi qalbii namaa hawwatuun kan dhiheessu ta'uusaa, Tashoomaafi kaawwan (2002:15) yeroo ibsan "Ogbarruun sammuu dhala namaatiin kan uumamu jechoota filatamoon kan ibsamu, miidhagina kan qabu, haqniifi jireenyi kan ittiin ibsamu, miiratti kan dhaga'amu …." jedhu.

Yaada armaan oliirraa wanti hubatamu og-barruun hojii kalaqaa jechoota filatamoon barreeffamuun jiruufi jireenya ummataa ibsu ta'uu isaa ti.

Karaa biraatiin Asafaan(2009:16-17) irratti og-barruu yeroo ibsu akkas jedha,"Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiheessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsuu dha."

Yaada armaan oliirraa wanti hubatamu og-barruun jiruufi jireenya ilma namaa akka daawwitiitti kan namatti mul'isu ta'uu isaati.

Walumagalatti, ogbarruun beekumsa waa'ee dhala namaafi waa'ee jireenyaa qabnu bal'isuurra darbee naannoo keenyaafi hawaasa keenya akka hubachuu dandeenyutti kan nu qopheessu, haqa jireenyaa dhihaaturraa ka'uunis namas ta'e hawaasicha madaaluu kan nu dandeessisu dammaqina sammuu nuuf kenna. Kanaanis, gochaafi amala namarratti arginu akka qeeqnu, sochii hawaasicha keessatti taasifamu akka xiinxallu nu taasisa.

## 2.2 Gooroowwan Ogbarruu

Gooroowwan Ogbarruu bakka lamatti qoodamu; Isaanis: Obarruu barreeffamaa fi Ogafaan jedhamuun beekamu. Haata'u malee, kanneen lamaan keessaa kan ilaallu, ogbarruu barreeffamaati. Sababni isaa, asoosamni akaakuu Ogbarruu jalatti waan ramadamuufiidha.

Misgaanu (2012:15) akka ibsutti, "Asoosamni akaakuu og barruu barreessaan tokko gochaalee addunyaa Dhugaa keessatti namoota hawasa keessa jiraataniin raawwatan yookaan raawwatamaniifii danda'aniin ka'umsa godhatee akka hubannoofi ilaalcha isaatti dandeettii kalaquu isaatiin qindeessuudha" jechuun ibsa. Yaadni kun kan ibsu asoosamni akaakuu of barruu ta'uu isaati.

## 2.3 Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun barreeffamaa gosa Ogbarruu ta'ee yaada barreessaan kan barreeffamaan dhihaaatudha. Akka Wasanneen (2008:174) ibsutti "Barreeffamni tokko hojii kalaqaa it yommuu jennu Barreeffamni sun waanta qabatamaa ta'e tokko akkuma jirutti kan gabaasu osoo hin taane, haala barreessaa ilaaluun uumamee kan dhiyaatu" jechuudhaan ibsa. Kanumarraa ka'uun Ogbarruun barreeffamaa jalatti kanneen ramadaman kan akka asoosama Dheeraa, asoosama gabaabaa, ogwalaloo, fiilmii fi diraamaa kan of keessatti hammata.

## 2.4 Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni barreeffamaa seenneffama wantoota dhalli namaa addunyaa Dhugaa keessatti raawwatan fakkeessuun sammuu namaa keessatti suuraa kaasuun barreeffamaan dhiyaatuudha. Wasanee, (2008:136). Yaanni kun asoosamni hojii kalaqaa akka ta'e kan ibsuudha.

Tafarii(2008)"The Word Fiction refer to any narrative literature created from the authers imagination rather than from fact" jedha.

Hiika hayyuun kun asoosamaa kana irraa wanti hubannu ,asoosamni damee ogbarruu ta'ee jiruuf jireenya hawaasa addunyaa dhugaa keessatti mul'atan fakkeessuun kalaqee haala miidhaginaan sammuu barreessaa keessaa madduun dubbistootaaf kan dhiyaatuudha ta'uun kan hubatamuudha. Kanaafuu asoosamni Ogbarruu barreeffamaa jalatti kan ramadamuufiidha.

Asoosamni barreeffama beekumsa, aadaafi fedhii dhala namaa dhugaa haawaasa keessa jiru bu‟uura godhachuun kalaqa sammuu itti dabaluun dhiyeessuu dha.

Yaada kana Berhanu (2009:29-30)"The word fiction comes from the latin word "fictio‟ which means some thing imagined and invented, and it is refers to any narrative literature created from the author's imagination rather than from fact,"jechuun ibsa. Wanti yaada kanarraa hubatamu asoosamni jecha Laatiinii fictio jedhurraa kan dhufe ta‟ee waan qabatamaan jiru osoo hin taane kalaqa sammuu barreessaatiin waan kalaqme yookaan uumame ta'uu isaa ti.

Asoosamni jijjiiramaafi guddina ogbarruun qaroomina hawaasaa wajjin agarsiisaa dhuferraa kan madde ta'uusaafi yeroo yeroottis jijjiiramaafi fooyya'aa akka jiru agarsiisa. Akkasumas, asoosamni muuxannoofi muudannoo jireenyaa bal'inaan dhiheessuuf ga'umsa cimaa waan qabuuf seenaa guddina ogbarruu keessatti akka bu'aa guddaatti kan fudhatamuu dha.

Yaada kanaTashoomaafi kaawwan (2002:7) yeroo ibsan:

> *Asoosamni jireenya hawaasummaa haala gammachiisaa ta'een bal'inaan ibsuuf humna qaba. Mudannoolee adda addaa dhala namaa mudatan dhiheessuu ni danda'a; Kanaafuu, asoosamni yeroo ammaa bifoota ogbarruu hawaasaa hedduu keessatti tajaajila bal'aa kennaa jiran keessaa isa tokko ta'uu danda'ee jira. Hawaasni Oromoos tajaajilamtoota yookiin fayyadamtoota bu'aa kanaa keessaa isa tokkodha.*

Gabaabumatti yaada armaan oliirraa wanti hubatamu asoosamni gosoota og-barruu haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo bal'inaan karaa adda addaatiin ibsaa jiran keessaa gaheen inni qabu olaanaa ta'uu isaa ti. Kun immoo ummanni Oromoo bu'aa kanarraa fayyadamaa ta'uu isaa agarsiisa.

Seeneffamoota tokko tokko guutummaan guututti dhugummaan isaanii amansiisuu baaatus dhugaa irratti kan hundaa'aniifi gamiisaan dhugaa kan ta'an fakkeenyaaf hojii kalaqa sammuu kanneen seenaa darbe irratti xiyyeeffatanii barra'anii asoosama keessatti hammatamuu malu.

Qabiyyeewwan Asoosamaa gama Ogbarruu Oromoonis haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsuufi kan mul'isuudha. Kanas, karaa barreeffamoota asoosamaa arguu dandeenya. Asoosamni gadda, gammachuu, ilaalcha, muuxannoofi kan fakkaatanittiin ibsachuuf barreeffama. Kana

malees, namoonni asoosama kan barreessaniif dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ilaaluuf, ittiin xiinxaluuf, ittiin beeksisuuf akkasumas, haala jiruufi jireenyta hawaasa tokkoo ittiin walbira qabuun waldorgomsiisuuf gargaara. Kunis, haala ittiin bulmaata hawaasichaa kan mul'isu ta'ee, xiyyeeffannoo karaa adda addaan mul'isuu danda'a. Kunis, xiyyeeffannoo qabiyyee gama ergaa, qindoominaa, faayidaa kennuu, akkaataa barreeffamichaa, fayyadama irratti ta'uu danda'a. Barreessaan tokko tokko ergaa barreeffamichaa irratti, inni kaan immoo, qindoominaafi caasaa irratti xiyyeeffachuu danda'a. Barreeffama asoosama tokko keessatti xiyyeeffannoon fayyadama afaanii karaa adda addaan mul'achuu danda'a. Isaan keessaa muraasni: ergaa barreeffamichi kennu irratti ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, barreeffamni asoosamaa dhaamsa qabiyyeewwan garaagaraatiin dabarsuu danda'a. Isaan keessaa kanneen asoosamni 'Imala Jireenyaa' ofkeessatti qabatee jiru qabiyyeewwan gadda, jaalala, siyaasa, aadaa, amantiifi akkaataa waliin jireenyaa kan tokko tokkoon armaan gadiitti ibsamaniidha:

Qabiyyeewwan gadda mul'isan kanneen jennu barreeffama asoosamaa keessatti qooddattoonni waliin dubbii keessatti miira gaddaa isaan itti mul'isan irratti kan hundaa'eedha. Kun ammo, hawaasa keessa jiraannu keessatti wanta nama qunnamuudha. Haaluma kanaan, waan barreessaan irratti xiyyeeffatee barreesse kan mul'isu hojii qooddattootaan mul'ata. Akkuma gaddi jirugammachuun jiraachuu isaati.

Wantoota hawaasicha keessatti jibbaman aadaa,fi safuu hawaasaa cabsan barreeffama asoosama kana dubbisuun irraa baruun nidanda'ama. Kunis, wanti yaada kanarraa hubatamu, hawaasni Oromoo amaloota badaa dhabamsiisuuf wantoota hawaasicha keessa fudhatama qaban akka itti fufaniifi fayyadama afaanii gama ogbarruu guddisuutiin jireenya hawaasummaa cimsuun gama dinagdee guddisuu keessatti ogbarruun gahee guddaa qaba.

Gama hawaasummaatiin ogbarruun kan hawaasaati hawwasnis ogbarruu malee aadaa, duudhaa, safuu hawaasichaa calaqqisuu hindanda'u. Duudhaafi safuu hawaasichaa kabajuun jiruufi jireenya gaarii jiraataniif barumsa nikenna. Hawaasni Oromoo, barruu kana dubbisuun jiruufi jireenya keessatti mudatan ittiin barsiisa.

Gama biraatiin ammoo, ogbarruun barreeffamaa gadda, gammachuu, ilaalchaafi amantii, wantoota hawaasa biratti jibbamaniifi aadaa hawaasichaa cabsan balaaleffachuun dhimma baanuudha.

## 2.5 Faayidaa Asoosamaa

Asoosamni jiruuf jireenya hawaasa ibsuu keessatti ga’ee yookaan faayidaa baay’ee qaba. Asoosamni fedhii, aadaafi beekumsa hawaasa naannoo isaa bu’uura godhate waan barreessaan dubbistootaaf asoosamaa fedhii, aadaafi beekumsa asoosamichaa hubachuu of sirreessuu kan dandeessisuudha.

## 2.6 Gosoota Asoosamaa

#### 2.6.1. Asoosama Dheeraa

Hayyoonni adda addaa asoosama dheeraafi hiika adda addaa Kenna. Wasanee(2008:135) akka ibsutti" Asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaatti erga beekamee hanga ammaatti qaama adda addaatti hiikuun ibsamaa jira. Kanaafuu hiika namoonni Marti irratti waliin galan kennuun rakkisaadha"jedha. Kana jechuun hiikaawwan asoosamaaf kennaman kan namoonni Marti irratti waliin galan hin jiru jechuudha.

Walumaa galatti, asoosamni dheeraan hojii kalaqaa ta’ee jiruuf jireenya dhala namaa bal’inaan kan namatti argisiisuufi seenaa namfakkootaa dhaloota hanga du’aatti bal’inaan kan mul’isuu ta’uusaati.

### 2.6.2 Asoosama Gabaabaa

Asoosamni Gabaabaan damee Ogbarruu barreeffamaa keessa tokko ta,ee dhimmota hawaasa keessatti raawwatamaniifi fuuladuratti ta’aan barreessaan kalaqamee yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee xumuramuudha. Kana malees, seenaalee jiran keessaa seenaa baaqqee irratti xiyyyeeffachuun kan barreeffamuufi sirrummaan isaas yeroo murta’eefi iddoo murta’ee keessatti kan xumuramuudha. Wasanee(2008).

Akkasumas asoosamni Gabaabaan hojii kalaqqii ta'ee daqiiqaa 30, hanga sa’aati 2:00 gidduutti dubbifamee kan xumuramuudha. Kanmalees, kan bifa hololoon barreeffamee tokkummaa cimaa irratti hundaa’ee yeroo baay'ee jechoota 10,000 kanhin caalleen barreeffamuudha. (Wasanee, 2008).

Walumaa galatti, asoosamni gabaabaan yeroo murta'ee keessatti dubbifamee kan xumuramuufi jechoota muraasatti fayyadamuun kan barreeffamuudha.

## 2.7. Waldiddaa

### 2.7.1. Maalummaa Waldiddaa

Waldiddaan miseensota Asoosamaa keessaa isa tokkoodha. Waldiddaan asoosamni tokko gara fuuladuratti akka tarkaanfatu gochuun yaadni yookaan ergaa barreessaan dabarsuudha barbaadee akka galmaan gochuu keessatti qaama ga,ee olaanaa taphatuudha. Wadiddaan hojii asoosamaa keessatti wanta qooddattoota gochaanis ta'e yaadaan Walirratti raawwatan, walitti bu'iinsa Isaan uumaniidha. Qooddattonnii asoosama tokkoo hundi isaanii miira tokkoon walii galuun gochoota hunda kan raawwatan miti.

Inni tokko miiraafi ejjennoo tokko yommuu qabaatu, inni tokko immoo miira biraa qabaachuu waan argamaniif walii galuu dadhabu. Yammuu kana walitti bu'iinsi walii galuu dhabuun yookaan waldiduu isaaniitti uumama. Kun asoosama keessatti Waldiddaa jedhamuun kan beekamu bu'uura caacculee asoosamaati. Adeemsi kun jireenya keessatti yeroo hunda nimul'ta.

## 2.7.2. Gosoota Waldiddaa

Waldiddaan bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: waldiddaa alaafi Waldiddaa keessaati.

### 2.7.2.1 Waldiddaa Keessaa

Waldiddaan keessaa Waldiddaa qooddataan tokko yaada sammuu isaa waliin taasisu, kan sammuudhuma nama tokkoo keessatti raawwatuudha.

Yaada tokko irratti kennuu dadhabuun kun (ta'uu qaba, lakkii ta'uu hin qabu) jechuun sammuun nama tokkoo yammuu Waldiddaa Keessaa seenuudha.

### 2.7.2.2. Waldiddaa Alaa

Waldiddaa Alaa jechuun kan qaamota lama gidduutti uumamu jechuudha. Isaanis, kan akka :

-waldiddaa qooddataafi qooddataa gidduutti uumamu.

-waldiddaa qooddataafi sammuusaa faana taasisu.

-waldiddaa qooddataafi uumaa waliin taasisu.

-waldiddaa qooddataafi uumamaa.

-waldiddaa qooddataafi hawaasaa.

#### 2.7.2.2.1 Waldiddaa Qooddataa fi Qooddataa Gidduutti Uumamu

Gosti waldiddaa kanaa gosoota Waldiddaa alaa keessa Isa beekamaadha. Kunis, qooddattoonni fedhii garaagaraa qabaachuu raawwatan kan ka'e uumama. Qooddattonni fedhii Wal fakkaatu yoo qabaatan, gareen lamaanuu olaantummaa argatanii waan fedhan Sana kan ofii godhachuuf waan tattaaffataniif waldiddaan isaaniitti uumama.

Bifuma walfakkaatun, yoo fedhiin garaagaraa gidduu jiraate, inni tokko Isa biraa irratti yeroo socho'u waldiddaan gidduu isaaniitti uumama. Misgaanuu, (2012:26).

#### 2.7.2.2.2 Waldiddaa Qooddataan Sammuusaa faana Taasisu

Waldiddaan kun gosa Waldiddaa keessatti ramadama. Fedhii hedduun altokkotti sammuu qooddataatti dhufuu danda'a. Yeroo kanatti wanta raawwatamuu qabuufi dhiifamu wallaluu yookaan murteessuu dadhabuurraa kan ka'e "kanammoo Sana wayya" jedhummoo dhiisuu? Asiinimmoo achiin naa wayya? fi kan kana fakkaatan waan sammuutti dhufuuf qooddataan ofuma isaa waliin waldhabdeen uuma. Waldiddaan gosa kanaa xiin-sammuuttin dhiphachaa, ofumaa yaadasaatiin guungumaa; ofiin odeessa. Mataa ofii waliin yeroo itti walmormuuntu mul'ata. (Misgaanu ,2012:26).

#### 2.7.2.2.3 Waldiddaa Qooddataan Uumaa Waliin Taasisu

Walitti bu'iinsa gosa akkasii kana keessatti namfakkiin yeroo fedhii isaa guuttachuuf jedhee,yoo fedhiin isaa osoo hin guutaminiif hafe uumaa isaa waliin walitti bu'uudha. Innis maalifan rakkadha? Maaliif akkas nagootee? Atimaaliif na uumte?fi kan kana fakkaatan jechuun yeroo inni uumaa isaa waliin walitti bu'uudha.

#### 2.7.2.2.4 Waldiddaa Qooddataa fi Uumamaa

Gosti waldiddaa kun yeroo baay'ee ta'uu baatus darbee darbee nii mul'ata. Namfakkiin Uumamaa fakkeenyaaf, namoota yeroo jibbu, humnoota Uumamaa too'annoo namaan olta'aan waliin mormaa uumama waliin Wal'aansoo walqaba. Uumama loluuf faccisuuf, adeemsa godhu keessatti wantoota hedduu keessa seenaa. Akka Misgaanuun(2012:26)ibsutti "Namni jiraachuuf jecha hariiroo morkii qabu uumaa waliin godha" jedha.

#### 2.7.2.2.5 Waldiddaa Qooddattaafi Hawaasaa

Waldiddaan kun gosa waldiddaa alaa jalatti kan ramadamuudha. Kunis namfakkiin tokko hawaasa bal'aa wajjiin wal'aansoo yeroo qabu kan mul'atuufi namfakkii kana hawaasni bal'aan yeroo jibbu innis hawaasa yeroo, yeroo yaadaaniis ta'ee gochaan yeroo wal mormaniifi walitti bu'an kan uumamuudha.

### 2.7.3. Amaloota Waldiddaa

Waldiddaan lafee dugdaa asoosama tokkooti. Asoosamni tokko gara fuuladuratti akka adeemu taasisa. Waldiddaan asoosamaammoo amala ittiin beekamu qaba.

Amaloonni Waldiddaa kanneen, tokkummaa, amanamummaafi dagaagina.

#### 2.7.3.1 Tokkummaa

Tokkummaan asoosamaa, asoosamni tokko jalqabaa kaasee hanga dhumaatti walqabatee deemuu asoosamaa kan agarsiisuudha.

#### 2.7.3.2 Amanamummaa

Amanamummaan haala jireenya dhugummaa namfakkiilee ta'ee waliin dubbii yookaan yaada nuti dhiyeessinu qabatamaa jireenya addunyaa dhugaa wajjin walhindhabne ta'uu qaba jechuudha.

#### 2.7.3.3 Dagaagina

Amalli asoosamaa dagaagina kan  agarsiisu waldiddaan asoosamaa jijjiramaa deemuu isaatiin waldiddaan asoosama tokkoo dagaage kan jedhamu immoo yeroo qooddataa asoosamichaa irratti jijjiramni bu'a qabeessi argamuudha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAFI MALLEEN  QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannicha

Kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan gahuuf malli qorannoo barbaachisaadha. Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon immoo, waldiddaa asoosama dheeraa Furtuu Harmee qaaccessuudha. Gosti qorannoo kanaa gosa qorannoo gosa qorannoo akkamtaati. Sababni isaas odeeffannoon qorannoo kanaaf sassaabame jechaan kan hojiirra ooleedha. Qorannoon kunis saxaxa qorannoo jiran keessaa saxaxa qorannoo addeessaatti kan gargaarameedha. Sababni isaa immoo amala wantoota qoratamu sanaa gad fageenyaafi bal'innaan waan ibsamaniifiidha.

## 3.2 Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa kan ta'e kitaaba asoosama Dheeraa Furtuu Harmeeti. Kana malees, qorannoo kana hojjechuuf maddi ragaa qoraattuun dhimma itti baate madda ragaa tokkoffaadha. Kunis kan ta'uu danda'eef asoosamni waldiddaan isaa qaacceeffamu bifa barreeffamaan waan jiruufidha. Kanaaf asoosamicha dubbisuun waldiddaan isaa qacceeffameera.

## 3.3 Mala Iddattoofi  Iddatteessuu Qorannichaa

### 3.3.1  Iddattoo Qorannichaa

Iddattoon qorannoo Kanaa kitaaba asoosama dheeraa Furtuu Harmeeti. Sababni isaa immoo wantoonni qorannoon sun irratti gaggeeffame kan bakka bu'e kitaaba asoosamichaa kana waan ta'eefiidha. Caacculee asoosamichaa keessaas waldiddaa irratti kan gaggeeffameedha.

### 3.3.2 Mala  Iddatteessuu Qorannichaa

Qorannoon kun mala Iddatteessuu jiran keessaa mala Iddatteessuu mit-carraatti gargaaramee kan geggeeffameedha. Mala Iddatteessuu mit-carraa keessaa immoo mala akkayyootti kan dhimma bahera. Sababni isaa immoo odeeffannon qorannichaaf ta'an jechatti dhimma bahamee qorannichi waan qaacceffameefiidha.

### 3.4 Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun mala Funaansa ragaa jiran keessaa Sakatta'a dookumentiitti gargaaramee kan adeemsifameedha. Sababni mala kanatti dhimma baheefis odeeffannoon Qorannichaa kan argamu barruu Sakatta'uun waan gaggeeffameefidha. Odeeffannoon qorannichaa barruulee garagaraa sakatta'uun gaggeeffame jechuudha.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoon akkuma funaanamu, odeeffannicha hiikuuniifi qaaccessuun barbaachisaadha. Kanaafis malli qaaccessa ragaa qorannoo kanaa kitaabicha keessaa funaanaman gad fageenyaan addeessuutiin kan hojiirra ooleedha. Odeeffannoon Ragaaleen qorannichaa bal'innaafi gadfageenyaan dhiyaata.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAA FI QAACCEESSA RAGAALEE

## 4.1 Ibsa Gabaabaa Kitaabicha

Kitaabni Furtuu Harmee jedhamu kun kan barreeffame nama maqaan ishee Meetii Dirribaa Jedhamuun yoo ta’u, kan barreessites A.LA. Gurraandhala, 2021tti ture. Barreessituun kitaaba kanaa gosoota waldiddaa sadii kanneen akka: waldiddaa qooddataafi qooddataa, waldiddaa qooddataafi uumaa akkasumas waldiddaa xiinsammuu fayyadamuun asoosamicha barreessiteetti.

## 4. 2. Qaaccessa Waldiddaa Asoosama Furtuu Harmee

Asoosama kana keessatti waldiddaawwan gosoota adda addaatu argama.

Waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa tokko ta'ee gosoota adda addaatti qoqqoodamuu kan danda'uudha. Isaan keessaas barreessaan asoosama kanaa wal diddaawwan adda addaatti dhimma bahee ergaa isaa dabarfateera. Barreessituun kun asoosama kana waldiddaawwan jiran kanatti haala gaariin gargaaramtee ergaa dabarfachuu barbaade haala gaariin dabarfachuu ishee qorattuun qorannichaa bira geesseetti.

### 4.1.1. Waldiddaa Qooddataafi Mataa Isaa

Gosti waldiddaa kanaa kan uumamu namfakkiin tokko haalli isaaf hin mijane isa qunnamuun kanarrattis namni yaada isaa irraa qooddatu utuu bira hin jiraatin kophaa yookaan dhuunfaa isaatti ofiin haasa'uun gosa waldiddaa uumamuudha. Namfakkiin kunis kophaa isaa sammuu isaa wajjiin mariis ta'ee komii gaggeessa; Qaama biraa kamuu hin dabalatu.

“…’yaa’anaa! Furtuun akkas taatee! Silaa yoona eessan ga’a ture! Harkaa dhabuun karaa nadhaabe. Hiriyootakoo biraa nahambise, maalan godha wanti hunduu ganama nama hafa…’ jettee,…”(fuula 18).

Yaada armaan oliirratti kan arginu yeroo Furtuun abbaanshee obbo Kumarraan du’ee gadda abbaa isheetiitti gadditee ofiishee waliin haasoftudha. Baay’ee utuu abdattuu, ofbiraa dhabuu isheetti gadditi. Sababnisaa milkaa’ina jireenya ishee keessatti bakka guddaa laatteefi, sadarkaa hiriyoonnishee irra ga’an waan hingeenyeef, aartee ofitti haasofti.

*…gaaffii sammuushee dhiphisu gaafatamaa turte sana yaaduu jalqabde.'Lakkii Furtuu buqqee duudaa natti hinta'in! Atoo ooltee bultee gogaa qeerransaa taata. Maaliif na hinhubattu? Maaf deebii ani hinbarbaanne naafdeebista? Si hingaddisiisuu? Biiftuukoo sin jaa…lla…dha. Laphee jaalala kee naafbani. Garaa natti hinjabaatin. Akka ati nabiratti boqottuuf bakka guddaa siifkenneera…' jechi Firoomsaa sammuushee keessaa itti iyya!(fuula 24).*

*…Firoomsaan osoo waa'ee Furtuu yaaduu oolee bula. Halkan abjuun dhiphachaa bula, ganama yeroo ka'u akka nama hirriba hinquufneetti joonja'aa oola. Jaalalli Furtuu eelaa guddaa itti ta'eera. Erga jaalala Furtuutiin qabamee hiriyootasaallee dagateera. Ishee dhiisuuf nijaallata; Abdii kutachuu hindandeenye…maaliif akka qaana'uuf sodaatu hinbeeku. 'maalifan sodaadha? Nanjaalladhe malee hinhanne. Kun cubbuu miti. Jaallachuun cubbuudha yoota'e, waaqayyoo maaliif waljaalladhaa jedharee? Sababan jaalala dhugaa ishee jaalladheef qaana'uun qabaa? Moo …qorichaan natuqxe! Ani hinbeeku. Hangasheen deebii sirrii naaflaattutti obsaan eeguun qaba.' Jedhee sammuusaa waliin haasa'a Firoomsaan. (Fuula 25).*

namfakkiin Firoomsaan yeroo Furtuu gaaffii jaalalaaf itti deebi'ee kadhachaa ture sana namfakkiin Furtuu jedhamtu immoo, gaaffii jaalalaa sanaaf yeroo isheen qoofashee sammuu isheetiin wal diddaa taasisteetu argama. Kunimmoo wal diddaa Furtuun ofiishee waliin taasistu waanta'eef, wal diddaa qooddataafi mataa isaa waliin taasisudha. Akkasumas fakkeenya sadaffaa irrattis haaluma walfakkaatuun namfakkiin Firoomsaan gaaffii jaalalaa isaatiif jedhee yeroo inni ofiisaa waliin haasa'utu jira. Milkaa'ina dhabuu gaaffii jaalala Furtuuf dhiyeesse sanaaf. Kunis waliddaa mataa isaa waliin taasisedha. Kan armaan gaditti dhiyaatus yaaduma walfakkaatudha.

…''yaa waaq maaliif dachee kana gubbaatti na uumte? Jireenya koos akka mishingaa eelee ho'aa gubbaatti nammee goota? Boqonnaas na dhoorkattaa? Yakkii fi cubbuun sanyiin koo

gochaa turan hundi dhaala ta’ee na qaqqabe jechuudhaa?’’ jedhee uumaasaa komataa ture(fuula 39). Yaada waldiddaa kana irraa kan hubannu, wanta osoo hin yaadamin nama tokko mudatu hundi akka gocha uumaatti ilaalamu isaati.

...’Ana moo isatu dogoggore?’ Jechuun Hundeen irra deddeebi'ee of gaafata. Deebiis ofiif laachuu yaala.’Nu lamaan keessaa tokko jedhe! Inni eenyu ree? ana moo isaa!’ Ammas of gaafata. Gaafachuufis ta'ee deebisuuf, yaanni fe'atee isaan gulufa. Yaanni isaa bakka lamatti hiramuun bitaa isa galchu. Inni tokko ‘mee harka kee isa laalateefi dugda kee isa gobaaxa'e ilaali! Isa bokkaan si looxesse yeroo sirraa caamu aduun si qaqes yaadadhu! mee ijoollee baleelleffatu sana ammoo ilaali! Hojitti of hin cabsan. ‘Qoonqoo inni ure waan itti naqu hin dhabu.’ Jechaa dhiqatanii, dibatanii fayyaa qaama isaanii eeggatu. Ijoolleen isaanis argattu nyaattee, dhabdu immoo carraa ishee guddatti. Waanuma argatan butatanii lixa aduu manatti galu. Kanaafuu sumatu,dogoggore,’ jedhee yaanni isaa quba itti qaba(Fuula 23).

Yaada olii kana irraa kan hubannu Hundeen jireenya isaatti bokkaafi rooba, qorraafi hoo'a utuu hin jedhin halkaniif guyyaa hojiitti kaata. Hojii hoojjatu kanas kan jireenya warra ollaa isaan walbira qabee gaafa ilaalu yaanni isaa adda hiramee sammuu isaatiin yeroo inni wal lolu, walmormutu mul'ata. Kunis utuu hin hojjatin namoonni jireenya jiraatu, inni immoo namni utuu hin hoojjatin akkamitti jiraatu!? Jedhee of gaafata. Lakkii jiraachuunis ni danda'ama jedhee sammuu isaa waliin gaafa walmormu kan mul'isuudha.

### 4.1.2. Waldiddaa Qooddataafi Hawaasaa

Waldiddaan akkanaa kun kan uumamuu danda'u yammuu namfakkiileen sababa adda addaatiin fakkeenyaaf ilaalcha, duudhaa, safuu, jal'innaa yookaan daba waan waliigaltee hawaasaarraa faallaa ta'e hojjachuun kan uumamuudha. Waldiddaa gosa kanaa kitaaba asoosamichaa keessaa fudhannee yoo ilaallu:

Namfakkiin Tolasaa jedhamu jalqabaa kaasee firaafi maatii isaa dhiisee ormatti michoomee hojii gantummaa hojjachuun beekama. Obboleessa isaa Jiruu hamma dhabamsiisuutti, ilma isaa dabarsee harka diinaatti kenne. Kanaanis Tolasaan ummata hedduu biratti jibbamaa dhufe. Yaada kanas kitaabicha keessaa yoo fudhanne:

*.... Tolasaan gama lamaan keessayyuu qooda dhabde. Akka Dhabsuufaa mana hidhaa seenuun tafkiin wal'aansoo hin qabne. Osoo akkas ta'ee, nama waliin haasa'uu argatee ture. Waanuma*

*itti himan raawwachuu malee, akka warra kaanii waan himatu dhabuyyuu, jaruma bira isaaf wayya ture. Hojiin biraa nidhibe. Ummata keessatti hundumtuu irraa gore." Namaas ba'ee, lafaas ba'ee dinnicha dheedhii ta'e," akkuma jedhamu, namattis, lafattis citee dabaree isaa galtaa'e(Fuula 42).*

Akkuma yaada olii kana irraa hubatamutti: Amalli lammii ofiitti dugda galanii ormatti michoomuu booddeen isaa jibba ta'uutu mul'ata. Sababa gocha isaa kanaafis Tolasaan hawaasa hunda biraatti jibbame akka ibsee jira. Kana jechuun immoo bakka qabatan hin qabu jechuudha. Kanaanis waldiddaan hawaasaafi Tolasaa gidduutti ifaafi ifatti mul'ate. Kun immoo waldiddaa namaafi hawaasa jiru gidduu mul'isa. Waldiddaa namaafi Hawaasaa kan biraas haa ilaallu:

*...Yaaddoon isaa waan tokko qofa. Harmeen isaa akka inni tamboo aarsu hin beektu. Akka inni aarsu yoo dhagaa'an namoonni naannoo sanaa hin jaallatan. Keessumaa harmeen isaa ni maraatti. Hanga Najjoodhaa deebi'ee dhufutti tamboo aarsuun isarra hin jiru. Akka hin dhiisne immoo araada qaba. (Fuula 28).*

Waraabbii kanarraa kan hubannu Lammiin araada tamboo qabaachuu isaafi ilaalchi hawaasni Najjoofi maatiin isaa araada kanaaf qaban jibbisiisaa ta'uu, akkasumas aadaa isaanii keessatti akka wanta gadheetti waan ilaalamuuf gochi kun wal dhabdee isaan gidduutti uumuu isaati.

### 4.1.3. Waldiddaa qooddataafi uumamaa

Waldiddaan kun kan uumamu yeroo qooddataan yookaan namfakkiin tokko wantoota uumama ta'an kanneen akka dachee, samii, qilleensa, bishaaniifi lubbu qabeeyyii garagaraa waliin walitti bu'iinsa taasisan kan uumamuudha. Gosa waldiddaa kanaas kitaaba kana keessaa yoo ilaalle:

Guyyaan isaa guyyaa dabooti. Haata'uufi namoonni hedduu daboo bahan. Daboon kunis qotiyyoon qonnaa qotuudha. Daboon guyyaa kanaas sangoota camadatanii deebi'anii gaaddisa tataa'anii haasa'uu itti fufan. Sangootattis waanjoon ulfaate. Sangoonni waanjoon itti ulfaates

fincila namoota waanjoo itti baachisan mormuuf waanjoo ofirraa caccabsuun mormii eegalan. Yaada kanas fuula kitaabichaa keessaa fudhannee yoo ilaalle:

*Sangoonni dheedaa jiran ergan takkaa margarraa oljedhan. Akka waan ajaja dhibbaalaa yookaan kumaalaa dhaga'anii, tarkaanfiin itti aansanii fudhatan, waanjoo ofirraa caccabsuudha. Olii gadi asii achi utaalanii waanjoo micciiruun unkuteessuu eegalan. Gariin funyoo ittin hudhaman ofirratti, walirrattis nyaatanii kukkutan. Gariin isaanii immoo loloosoo ittiin hudhaman gateettii isaaniitiin miciiranii caccabsan. Sana booda, isa duraan namoonni yeroo fedhanitti hiikan, amma ofiin of hiikan. Tarkaanfiin jalqabaa moo'ichaan xumurame( Fuula 72) .*

Yaada olii kana irraas kan hubannu namoonni duraan sangoota waanjoo baachisanii yeroo barbaadan irraa buusu. Garuu guyyaa kana sangoonni mormii agarsiisuuf waanjoo namoonni baachisan ofirraa caccabsuun jibba namootaa mul'isan. Kanas ba'aa namoonni baachisan ofirraa gatuun eegalan. Akkuma yaadicha olii kana keessatti mul'atutti sangoonni mormicha moo'achuudha. Waldiddaan kunis waldiddaa namootaafi uumamaa jedhama.

### 4.1.4. Waldiddaa Qooddataafi Uumaa

Gosti waldiddaa kanaa namfakkiiwwan sababoota garagaraafi yoomessa garagaraa keessatti uumaa isaanii waliin wal mormuun kan uumamuudha. Kunis uumaadhaan; Maaf akkas hin gootu? Kana maaf hin goone? Sana maaf goote? Jedhanii uumaa isaanii yeroo komatan kan uumamuudha. Waldiddaan kunis akkuma maqaa isaa uumaa waliin wal mormuudhaan kan uumamuudha. Waldiddaa haala kanaan uumamus kitaabicha keessaa yoo fudhannu:

Dagaagaan maaliif jireenya keessatti namoonni dhibaa'oon uumamu? Waaqni maaliif jara uuma? Nama gaarii maaliif hin uumne? Jedhee waaqa komata. Namfakkiin kunis namoota gaarii, kan garaan isaanii waan gaarii yaadu, hojii irratti qaxalee ta'an gaafa of biraa dhabu waaqa isaa komata. Kanas kitaabicha keessaa yoo fudhannu:

*..Dagaagaanis takka meeshaa guyyaa xiiqii isa jiruun itti hiixachaa jiru mil'ata: takka ammoo Lalisee,*

*giiftii salphina isaan oolchite ilaalaa, "Atimoo! Atimoo! Waaqayyo kan akka keetii gadaamessa dubartoota muraasa keessallee osoo kaa'eera ta'ee, silaa addunyaan kun guyyaa muddamte jaraan furamti turte. Silaa har'a leyyoon addunyaa kana irra hin ga'u ture. "maaliif kan akkasii fa'a uumee nuun to'ata?" Jechuun osoo deebii hin eeggatin tuufoofi keelloo ciruu, Jiruun immoo qotuu itti fufan(fuula 30).*

Akka yaada olii kana irraa hubannutti Laliseen dubartii cimtuu giiftii jedhamtee yeroo waamamtuufi faarfamtu faallaa kanaan ammoo kangaarii hinyaanne maaf uumame? Waaqni maaliif isa uume jechuun Dagaagaan waaqaa wajjiin mormii gochuu isaatu mul'ata. Dagaagaan waaqaan namoota akka Lalisee maaf hin uumtu, hinbaay'istu jedhee gaafata. Kanaanis gaariifi badaa walbira qabee Dachaasaan waaqa komata. Komii kanaanis isaafi waaqa gidduutti waldiddaan uumameera.

### 4.1.5. Waldiddaa Qooddataafi Qooddataa

Waldiddan qooddataafi qooddataa gidduuti uumamu sababoota namoonni amantaan, fedhii, kaayyoo, ilaalchaafi kan kana fakkaatan garagaraa waan qabaniif waldiddaan kun uumama.

Waldiddaan Biiftuufi Dhaabaa gidduutti sababni waldiddaan uumameef Biiftuun barattuu kaayyoo qabdu isa har'aa utuu hin taane mul'ata gara fuulduraaf shamara tattaafattuudha. Dhiirri kamuu waa'ee jaalalaa akka itti hin kaafnee akeekachiifte turteetti. Garuu dhiironni baay'een yoo irraa deebi'anii dhiisuu dide kan inni dubbate keessaa "jalqaba irratti gatii mi'eeffachuun amala dubartiiti," jedhee akeekachiisa ishee dide akeekachiisa ishee diduun lalisee aarse. Kanuma irraa ka'uun waldiddaan uumames yoo ilaalle:

*...... Girmaan gammachuudhaan taa'aa of qonxooxuu eegale. Guyyaan beellama isaas ni ga'e. Qaama dhiqatee, shittoos ofitti biifuun dursee bakka beellamaa ga'e. Isuma takkaa taa'e Laliseen dhufte. Akkuma bira geesseen nagaa walgaafatanii taa'an. Itti siqee hooksinasn waanuma jaalala isaatiin booji'amte of fakkeessitee harka isarratti lawwaasoofte. 'Olka'i mee!' jetteen. Gammachuudhan olka'ee fuula ishii dura dhaabbate. Bakka teessuu kaatee jilba isaa jala jilbiinfatte Laliseen. Miironni isaa mirqaananii callisee ilaale Girmaan. Hiixattee*

*harka ishii lamaaniin bakka lubbuu isaa qaqqabnaan ija jaalalaatiin Laliseen gad ilaaltee hayyamuufii isaa mirkaneesseef. Haa ta'u malee, gammachuun isaa sekendii keessatti irraa fuudhatame. Dubbichatu isa Girmaan dubartoota biraa waliin beeku ta'uu dide. Bakka lubbuu isaa qabdee micirirsitee dhiisuu didde. Dhiirummaa isaa keessatti butuchuun imimmaan ija lamaaniin yaaste. Miironni isaa marti yeroodhaaf ni laamsha'an. Ofirraa qabuufis ta'ee kadhachuuf harki isaa sochoo'uu, arrabni isaas dubbachuu dadhaban. Yeroo ishiin gadhiistu, 'jorgaa!' Jedhe. Bakka inni kufetti dhiistee biraa deemte Laliseen…*(Fuula 136).

Yaada kana irraa kan hubannu Lalisee kaayyoo nama qabdu ta'uufi Girmaan amala badaa duraan qabu shamarran hunda irratti bifa walfakkaatuun gochuuf yaaluu isaatu har'a balaa kanarra isa buuse. Laliseen akka inni yaade ta'uu diduu isheefi inni immoo akkuma dura bare amala gadhee isaa isheerratti raawwachuuf yoo yaalu laliseen utuu inni hin yaadin qaama isaaf lubbuu ta'e qabdee kuffiste. Kun immoo waldiddaa isaan lamaan gidduutti ta'eedha.

*Boruun gara mana barumsaa utuu deemaa jiru argitee duuka buute Burqituun. Daddaftee deemuun bira geesse, "Fayyaa keetii? " jechuun harka itti hiixatte. Boruuninis, "nagaa kooti," harka fuudhe. " yeroo darbe dhaamsa siif ergeen ture. Maaliif deebii naaf laachuu didde?" Jechuun lafa ilaalaa gaafatte. Akkaataa ishiin itti dubbatte isa aarsinaan gaaffii ishii callisee deebise. Ishiin garuu isa waliin haasa'uu waan barbaaddeef, innis ittuma fufee, 'Ergichi akkam tureree? …callisee sokke(fuula 172).*

Yaada waraabbii olii irraa akkuma hubatametti qooddattoonni lamaan barattoota. Waldiddaan isaan lameen giddutti uumame kunis, Biqiltuun Boruun barataa cimaa ta'uu isaa erga hubattee booda qabxii irraa hojjachuuf nama duraan jaallattu dhiiftee, isa jaallachuuf xalayaa jaalala ergiteefii turte. Boruun immoo akka ishee jaallachuu hin qabne murteessee ture. Kanaanis isaan lamaan giddutti waldiddaan eegale. Waldiddaa kanas ittuma fufnee yoo ilaallu: Boruun Biqiltuun akka garaa isarraa kutattu barbaada kanaanis akka isheen isa hin jaallane barbaada.

*............. Akka isheen garaa kutattu barbaadetu," jaalalleekee maaliif dhiifte"? jedheen. Utuu hinsaalfaatin. " Lakkii ani waan akkasii hin beeku". deebii jedhu laatteef. Kanarratti Boruun aaree, " Ati seemisteera tokko guutuu waliin akka feete ta'aa turte*

*kan wallaalte. Anaan baruu hin dandeessu. Lammata maqaa koo akka hin dhoofne," jedhee kabaluuf itti aggaame. Gurra lamaan qabattee lafarra gangalattee iyya keessaa fuute. ( F 175).*

Yaada waraabbii olii kana irraa akkuma hubatametti qooddattoonni lamaan kun akkuma jalqaba irratti yaadaan wal jibbaa turan iittuma fufuun hamma wal reebuutti walgeessan. Waldiddaan armaan olii kunis jireenya addunyaa dhugaatti yoo finne dhugumaan kan argamuudha.

# BOQONNAA SHAN

# GUDUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1 Guduunfaa

Kaayyoon qorannoo kana ogbarruu oromoo keessaa asoosama dheeraa **Furtuu Harmee** jedhu irratti hundaa'uun waldiddaa asoosamicha keessa jiru qaacceessuudha. Asoosamni kun caaccuulee garagaraa of keessaa qaba. Isaan keesaa muraasni yoomessa, namfakkii, ergaafi waldiddaadha. Caacculee kanneen keessaa qorannoon kana keessatti waldiddaan asoosama kana xiinxalamee jira. waldiddaan walitti bu'iinsa humnoota lama gidduutti taasifamuudha. Kana malees ilmi namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhiphinaa fi rakkina adda addaa isa qunamu moo'achuuf qooddataan sammuusaa wajjiin waldiddaan kan uumamu ta'uun isaa ibsameera.

Isaan kanneen xiinxaluu fi mala qorannoo al lakkoofsawaatti fayyadamuun karaa madda oddeeffannoo sadarkaa lamaffaa fi kitaaba qorannootti dhimma bahamee jira. Oddeeffannoo kanneen funaanuufis meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka sakatta'a dookumanti, barruuleefi meeshaalee qorannoo kanaan walqabatan, akkasumas qorataan kitaaba qorannoo irratti adeemsisaa jiru irra deddeebiin dubbisuun ragaan kan qaacceeffameedha

### 5.2 Argannoo

Qorataan qorannoo kanaa argannoowwan armaan gadii argachuu danda'eera.

- Barreessituun asoosamichaa haalli ijaarsa waldiddaa isheen ittiin argamsiifte faffaca'ee kan jiru ta'uun hubatameera
- Akaakuu waldiddaa hedduu barreessituun asoosamicha osoo hin barreessin bira darbuun waldiddaa hanga tokko qofatti fayyadamuun asoosamicha barreessuun ifa bahee jira.
- Asoosamicha keessa waldiddaalee jiran hunda isaanii sadarkaalee waldiddaa shanan kanneen akka ka'umsa, olka'aa deemuu, fiixeerra gahuu, gadi bu'a deemuufi furmaata argachuu waldiddaa eeguun barreessuu dhabuun bira gahamee jira.

- Waldiddaa haala addunyaa dhugaa waliin wal bira qabuun barreessituun asoosamicha kan barreessitee ta’uun sakatta’ameera.

## 5.3 Yaada Furmaataa

Akka qorataa qorannoo kanaatti yaadni furmaataa:-

- Barreessitoonni asoosama fulduraaf yeroo waa barreessan, haala ijaarsa waldiddaa walduraa duuba isaanii eegee barreessuu qaba. Kun yoo ta’e dubbistoota haalaan hawwachuu danda’a.
- Gosootni waldiddaa jiran hunda isaanii asoosamicha keessatti fayyadamuun asoosama barreessu qabu. Kun midhaagina waldiddaa asoosamichaaf baay’ee gaarii waan ta’eef dubbistoota keessatti kaka’umsa uumuu danda’a.
- Barreessitoonni asoosamaa sadarkaalee waldiddaa shanan isaanii fulduraaf tartiibaan fooyyeessee osoo barreessanii gaariidha.
- Barreessituun kun waldiddaa asoosamicha keessatti argaman haala addunyaa dhugaa ibsuu danda’aniin barreessitee jirti. Barreessitoonni biroos haaluma kanaan barreessuu qabu.

## ***Wabiilee (References)***

*Asaffaa Tafarraa(2009).Eela:Seenaa Oguma Promo.Finfinnee:Far east trading.*

*Cassidy. j(1991).Enjoying literature.New York:MC.Garaw hill.*

*Cuddoon J.A. (1999).The penguim literary dictionary of literature terms and theory 3rd edition: England.*

*Fedhasaa Taaddasaa(2013).Subii.Barruulee Oromoo.Finfinnee:Subi printing Press.*

*Geetaachoo Rabbirraa(2006).Furtuu.Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9-10.Finfine:Kurazz International Publishing inter prize.*

*Htt/www.com types of conflict.*

*Meetii Dirribaa.(2021).Furtuu Harmee.Finfinnee.*_______

*Melakneh Mangistu (2008).Fundamental 0f literature. Addis Ababa.*

*Misgaanuu Gulummaa Iraanaa (2011). Sanyii. Finfinnee.*

*World book.Encyclopedia.vol.7. (1994). United state of America.*

*Zarihuun Asfaw (1992). Yesina tsuf masarawii. Addis Ababa Universty*

## Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________